converted by Web2PDFConvert.com

Qeerroo Oromoo ganda Gadeedoo irraa hidhamanii fi murtii dabaa wayyaaneen isaanitti murtu eeggataa jiran keessaa kanneen maqaan isaanii nu gahe:

1.Ahmadaa Amaan
2.Jamaal Leenjisoo
3.Taajuree Kadiiroo
4.Idiriis Kaddee
5.Muhaammad Sa'idoo
6.Muktaar Ibraahim
7.Abdee/Haylee Ismoo
8.Umar Ibraahim
9.Seeyfuu Huseen
10.Abdulhakiim H.hedoo
11.Aabbuu Qaasim
12.Abdulsamad Qaasim kanneen jedhamanii dha.

Warreen Kibxatatti bari'u mana hidhaa Adaabbaa irraa fuudhamanii bakki isaan geeffaman wallaalamee jiru keessaa kan maqaan nu gahe:

1.Muhaammad Ismaa'il
2.Musxafaa Yuunaa
3.Abdulrazzaaq Mahmuud
4.Abdulra'uuf Amaanaa
5.Abdulra'uuf Sh.Hasan
6.M.Huseen Heebboo
7.Jamaal Hasan
8.Hasan Abdaa
9.Abduljaliil Turaa
10.Abduu Kadiir
11.Muddassir Maammaa
12.Abdulrahmaan H/Maroo kan jedhamanii dha.

Dargaggoota Oromoo kanneen irra miidhaan akka gahuuf dabballootaa fi ergamtoota wayyaanee hojjechaa turanii fi jiran:

1. Amaan Nageessoo,Afayaa'ii aanaa Adaabbaa lakk.bilbilaa isaa 0912265034

2. Umar Roobaa, bulchiinsa Ganda Gadeedoo, kan qabame baasuu dhiisii kan gandatti hafee mana hidhaatti guursisuuf kaabinee Adaabbaatti booyaara. lakk.bilbilaa isaa 0910708879

3. Doftora Diidoo, itti aanaa bulchiinsa gadeedoo. lakk.bilbilaa isaa 0913711336

4. Muhaammad Gansaa, bulchiinsaa fi nageenya Gadeedoo

Basaasotni wayyaanee biiraa fi sigaaraa irraa hin hafne miidhaa guddaa gandicha keessatti dhaqqabsiisaa jiran:

1. Kadiir Amaanoo
2. Ahmad Ibraahim Qaabatoo,itti gaafatamaa liigii dargaggoo Gadeedoo
3. Husaa Gishuu

---

#OromoProtests: August 19, 2016, around mid night fascsit Ethiopia's regime security forces gunned down Galataa Adimaasuu, an 18 years old Oromo boy with three bullet inOromia, Dembi Dollo town, Dhanqaa area.
==============
Hagayya 19, 2016 halkan walakka keessa, magaalaa Dembi Dollo, bakka Dhanqaa jedhamutti, dargaggeessa Waggaa 18, Galataa Adimaasuu jedhamu, waraanni Agaazii rasaasa sadiin rukutanii ajjeesanii jiru.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

August 19, 2016, around mid night fascsit Ethiopia's regime security forces gunned down Galataa Adimaasuu, an 18 years old Oromo boy with three bullet in Oromia, Dembi Dollo town, Dhanqaa area.

## Hidhaan Uummata Oromoo Irratti Daran Jabaatuu Qeerroon Godinaalee Oromiya Garagaraa Irraa Gabaase.

August 19, 2016




**Hagayya 19,2016** Gguyyoota lamaa asitti godinaalee Oromiyaa hundarraa Qeerroon hidhamaa jiru. Sababa addaa hin qabu gochi addaas hin jiru garuu Bilisummaan waan dhiyateef wayyaaneen kufaatii ishees waan mirkaneessiteef jecha uummata oromoo hidhaatti guuruu murteesse. Kaan tarkaanfii ajjechaan diinni uummata oromoo irratti aggaamee jiru biraa deebihaa kan hin jirree fi bakka uummanni fi iji namaas hin arginetti ilmaan Oromoo ajjeessuunis Oromiyaa keessa magaalota tokko tokkotti kan mul'ataa jiru tahuunis Qeerroon gabaasaa jira. kun uummata Oromoof haaraa tahuu baatus FXG oromiyaa keessatti isa xumuraa itti fufuu irraan amma hidhaan daran jabaatee jira.

Godina Qellem ona garagaraa irraa Qeerroon gabaasaa jiruun fakkeenyaaf Anfilloo irraa namotni 15 ol tahan kaleessuma ukkaamfamuu akkasuma Jimmaa Horroo irraa

- Dargaggoo Hasan Jamaal
- Dargaggoo Bulchaa Qalbeessaa
- Dargaggoo Tizaazuu Akkattii fi
- Dargaggoo Qalbeessaa Tolasaa kan jedhaman ukkaamfamuun gabaafamee jira.

Dabalataan onuma kana manneen jireenya namoota 4 WBO jiraachisu jechuun humna waraana Wayyaaneen sakatta'amuu irraa eegamaa jiraachuun kan gabaafame

- Mana jireenyaa Lataa Wiirtuu
- Mana jireenyaa Caalii Ganjoosaa
- Mana jireenyaa Yaadasaa Danuu fi
- Mana jireeenyaa Solomoon Gurichoo

Kan jedhaman humna agaaziitiin eegamaa jira. Akkasuma ona Gaa'oo Qeebbee, Gidaamii fi Begii keessaa ijoolleen dargaggeyyiin hidhaatti guuramaa jiru. Kun godina oromiyaa maratti akka tahes Qeerroon gabaasaa jira. Godina Shaggar kaabaa, shagger Bahaa fi shaggar Lixaa Qeerroon hidhamuun daran jabaatee jira. uummannis hidhaanii fi ajjechan Bilisummaa nun dhorku nu doorsisuun FXG hin hambisu jechuun dhaadannoo isaa itti fufee jira. Hidhamtootni hedduun bakka itti hidhaman irraa bakka biroottis jijjiiramuudhaan hedduun namootaan bakka buuteen isaanii dhabamaa jira. Kanuma keessatti FXG ammas yeroo dhumaa kanaaf kan wayyaanee aangoo isheetti xumura taasisu itti fufuun uummannis gibira diduun, walgahiin wayyaaneen oromiyaa magaalotaa fi godinaalee adda addaatti gaggeessuuf uummata mariisisuuf deemtus bakka hundatti gara FXGtti jijjiramuu fi feshelatuun Wayyaanee isa dhumaa abdii kutachiisuudhaan bifa naasuutiin uummata hidhaatti guuruu murteeffachuun beekameera.

## #OromoProtests, Black Lion Medical school students in Finfinnee, the capital, Oromia, protesting fascist Ethiopia's regime mass killings on 18 August 2016.

converted by Web2PDFConvert.com

https://youtu.be/9UfjuKk9V6Q

Grand #OromoProtests Solidarity Rally Held in London, 16 August 2016

https://oromianeconomist.com/2016/08/17/gr oromoprotests-solidarity-rally-held-in-london-12-august-2016/

Seattle Solidarity protest EthiopiaProtests #AmharaProtests #OromoProtests

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://twitter.com/Fikilaw/status/7656754994

GABAASA ADDAA

Hiriira Mormii biyya Switzerland Magaalaa Genevatti gaggeeffame ilaalchisee. (Hag.16,2016)

https://www.oromiamedia.org/2016/08/16/hirmormii-biyya-switzerland-magaalaa-genevatti-gaggeeffame-ilaalchisee-hag-162016/

ODUU

OMN: Oduu Hagayya 16, 2016

OMN: Oduu Hagayya 16, 2016

https://www.youtube.com/watch?v=CYGN0DKOIhQ

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://www.youtube.com/watch?v=OIh7WhJhMAU

## Dr.Gabayyoo Jaallataa Waraana Wayyaanee Agaaziin Rukutamuun Wareegaman.

August 15, 2016

Maqaan isaa Dr.Gabayyoo Jaallataa jedhama.

Kaninni itti dhalatee guddate godina Wallaggaa lixaa aanaa Gullusoo jedhamtu keessatti. Ga'een hojii isaa



Dookteerummaadhaan kilinika Abdii kan jedhamu magaalaa naqamtee keessaa naannoo Hoospitaala naqamteetti kan argamu keessatti ramadamee hojjechaa nama tureedha. Dr.Gabayyoo jaalataa xinnummaa isaa irraa ka'uun nama diinaaf harka hin laanne nama oromummaa isaatti boonee jiraatuu fi nama ilmaan oromoo akka lubbuu isaatti jaallatu keessaa nama tokko ture.

Haata'u malee yeroo darbe hiriira guddicha magaalaa naqamtee keessatti akka abidda saafaa belbelaa ooleen wal qabatee sababii inni oromummaa isaa jaallatuuf jecha akkasumallee ati dhoksaadhaan qeerroo mana hojii itti ramadamtee hojjettu keessatti ol seensistee walla'aansa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

gochaafii jirta maqaa jedhuun humni agaazii guyyuma hiriira guddichaa sana bakkuma hojiisaatii deemanii rasaasa itti roobsanii deemanii jiru.
Haa ta'u malee dr Gabayyoon yeroo sanaaf rukutamee hatattamaan gara hoospitaala naqamteetti ergamee yaaliin deddeebiin torban tokkoo oliif osooma godhamaafii jiruu hoomaayyuu fayyuu hin dadhabuurraan kan ka'e guyyaa har'aa jechuun Hagayya 15/08/2016 du'aan addunyaa kanarraa boqotee jira. Reeffi isaas gara bakka dhaloota isaa kan taate godina wallagga lixaa magaalaa gullusootti ergamee jira.
Qabsa'aan du'us qabsoon itti fufa.

https://youtu.be/_LSCUEzwSCY

## Sochiin Warraaqsaa Biyyoolessaa Oromiyaa FXG daran jabaachuun Walqabatee Magaalootni Gurguddoo Oromiyaa fi Magaalotni Oromiyaa naannawaa Finfinneetti argaman homaa waraana wayyaaneen shororkeeffaama jiru.

#OromoProtests reports August 15, 2016 By Qeerroo

Hagayya 14,2016 Sochiin Warraaqsaa Biyyoolessaa Oromiyaa FXG daran jabaachuun Walqabatee Addaatti Magaalootni Gurguddoo Oromiyaa fi Magaalotni Oromiyaa naannawaa Finfinneetti argaman homaa waraana wayyaaneen shororkeeffaama jiru.
Sochiin warraaqsaa biyyoolessaa Oromiyaa utuu wal irraa hin citiin ji'oota 8 guutuu gaggeeffamaa jiruun motummaan abbaa irree raafama ulfaata keessa seenuun kasaaraa Siyaasaa , Dinagdee fi hawaasummaa ulfaataa keessa seenee kan jiru abbaan Irree Wayyaanee EPRDF/TPLF ummata Oromoo Uummata Sivilii mirgaa fi haqa dhugaa isaaf falmatu irratti hoomaa waraanaa bobbaasuun uummata shororkeessuu ittuma fufe jira . Magaalootni Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Sulultaa, Burraayyuu, Sabbataa, Holotaa, Aqaaqii Qaallittii, Duukkam, Galaan bishooftuu, Moojoo, Adaamaa, Laga Xaafoo laga daadhii fi Sandaafaa Hoomoo waraanaan shororkeeffamaa kan jiran Yoota'uu, Oromiyaan Bulchiinsa Waraana Wayyaanee Komand post ifatti labsiin jala erga galfamtee ji'oota 8 oli lakkoofsisaa kan jiru. Uummatni Oromoo fi gootototni dargaggootni Qeerroon Oromoo soda waraanaa gabrummaaf harka akka hin kennineefi hanga gaaffiin mirga abbaa Biyyummaa uummata Oromoo deebii argatutti warraaqsaa irraa duubatti akka hin deebine diinaaf mirkaneessan. Warraaqsii Biyyoolessaa Oromiyaa FXG Gaaffiin mirga abbaa biyyummaa haalaa caalatti mootummaa wayyaanee kasaaraa guddaa keessa galchuu danda'uu fi aangoo irraa qaarisuu danda'uun jabaatee rogaa hundaan kan itti fufu malee shororkeessa waraana wayyaanee fi hidhaa jumlaa, ajjeechaa duguginsa sanyii wayyaaneen rawwachaa jirtuun kan hin dhaabbatne ta'uu Qeerroon bilisummaa Oromoo hubachiisa.

A massive deployment of police in Ethiopia's restive Oromo and Amhara regions prevented fresh anti-government protests over the weekend, an opposition leader said Monday. #OromoProtests 15 August 2016.

http://www.dailymail.co.uk/wires/afp/article-3741749/Ethiopia-police-block-anti-government-protests.html

https://www.facebook.com/oromticha.oromo/vi l=162383085575658782

https://www.youtube.com/watch?

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

v=bjVU0rzBmqE

## Aljazeera Inside Story – What is triggering Ethiopia's unrest?

August 14, 2016 in

Calls for an international investigation in Ethiopia have surfaced after more than 100 people were killed in demonstrations.It is a conflict that has led to 400 deaths since November, 100 of them in the last week alone, according to human rights groups.The Ethiopian government is cracking down on ethnic Oromos and Amharas, who are calling for political reforms.Human rights groups have called the reponse ruthless. And the United Nations wants to send international observers to investigate.Ethiopia has denied that request, saying it alone is responsible for the security of its citizens. But what can be done to ensure the Ethiopian government respects human rights?Presenter: Folly Bah ThibaultGuests:Getachew Reda – Ethiopian communications affairs minister.Felix Horne – Ethiopia reseracher for Human Rights Watch.Ezekiel Gebissa – Profesor of History and African studies at Kettering University.– Subscribe to our channel: http://aje.io/AJSubscribe– Follow us on Twitter:https://twitter.com/AJEnglish– Find us on Facebook:https://www.facebook.com/aljazeera– Check our website: http://www.aljazeera.com

---

**#OromOroprotests 14 August 2016: Walfalmii mooraa OPDO keessatti deemaa jiru kam miliiqee saba gahe:**

"Opdon guutumatti sirni tplf laamshahuu ifatti nutti himte. Nuti miseensotni akka basaastuu cimaa taanu nu akeekkachiifte. Jawaar nu injifateera, du'arraa of hambisuuf cimnee basaasuu qabna jetti. Miseensi garuu isin hooggantoota malee nuti hawaasa keenya waliin hiree wal fakkaatu qabna, isinumaa magan malee nuti falli harka keenya jira jedhan. Injifannoon galuun baranuma( Itti muddi, Ittiiqaa Tafarii affeeraa)"

---

**#OromoProtests Hagayya (August) 13 bara 2016: Oduu Gammachiisaa Dodolaa irraa**

---

Arsii Lixaa Dodolaaa fi nannaawa Dodolaa Hiriira Woyyaanee(OPDO)'n guyyaa kaleessaa (13/08/2016) qopheessite sabboontota maanguddoo Oromoo Qaroo, antummaa Hawaasaa qabaaniif fi hojjattoota Mootummaa kan sirnaa kana kuffisuuf qinxaanin akkasumaas ilmaan Oromoo guutuu sodaachuun harkaa fashalaayee jira.
OPDO'N hiriira bifa kanaa guutuu biyyattii yaaddee sodaa ummaataatiin hanga hardhaa milkaayin hafe, kana boodas hin milkaayuuf. Ammas iddoo tokko tokkotti qopheessuuf waan yaadaa jirtuuf iddoo hundaattuu bifuma wol fakkaatuun hiriira shira ittiin xaxuuf deeggara Afaan qawweetin horatuuf deemaniif jarri gumaa fi kaayyoo sabaa balleessuudhaaf yaamtu kana gara qabsootti harkaa jijjiiruudhaan shira diinummaa kana fashaleessuun barbaachisaadha. Kanaa booda maqaa Hiriraa OROMIYAA keessattii akka OPDO'n lagattuu godhuu.

---

#OromoProtests Hagayya (August) 13 Bara 2016: Qeeron Magaalaa Gadab Hasaasa Hooji boonsa dalgdeen konkolaata Agaazi boola keeysa buufte.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Agaazon lamma haalan miidhaman.

Akkamit boola keeysa buufte konkolaata yoo jetani taate, Qeeron Hasaasa akkas jechuun nuf ibsani.

Osso Woraani mootummaa nu hin argin Karaa qonee biyyee keeysa baafnee Kaaricha sharaa itti ufisuun biyyee gubbat deebifne ,Kana booda hooji hoojachu qabnu waajiraale Mootumma gubuu qabnu Eegi tarkaanfi fudhanee hooji xumureen booda , Agaazin ganamaan fiigde yoo karaa qaxaamuruf jetu , karaan armat ittiin citee Agaazin lammaa haalan miidhamera , konkolaatanis gargaleera

Yeroo amma kanat Agaazon konkolaata dhagaa kaasu qabatani gamasit imalaaru .

Qeeron Ergaa kana nuf dhaqabsani Poolisa Oromiyaa Toofta kana nuf hime maqaa Hawaasa Oromoon nuf galatoonfadha jedhaniiru .

Nus Yaa Ilma Oromoo dhugaa Hori buli deebani jenaan Poolisa keenya goota kanaaf.

Poolisota Oromiyaa biraf kun barnoota guddadha .Yaa gantuu OPDO Tari kana irraa barnoota fudhata laata ?

Injifanoo Kan Hawaasa baldhaat !!!

---

#OromoProtests Hagayya (August) 13 bara 2016: Tarkaanfii halkan edaa waajjira Wayyaanee godina Arsii aanaa Gadab Asaasaa irratti fudhatameen waajjirricha gutummaatti daaraa taasisamee jira. Waajjirri bulchiinsa wayyaanee kun ganda qonnaan bulaa Woqeenxaraa Eddoo keessatti kan argamuu caasaa Wayyaaneen ummata keessatti hiraarsatte yoo ta'u guutummatti barbadaayeera.

---

https://www.youtube.com/watch?v=OpHJMPBCUUM

https://www.youtube.com/watch?v=qJd4Vz17CcI

https://www.youtube.com/watch?

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

v=qJd4Vz17CcI

https://youtu.be/47iW69z8s3s

#OromoProtests: A candlelight vigil in in front of The White House in honor of innocent peaceful protesters – brutally gunned down in cold blood by Ethiopian government. 12 August 2016

“DHIIGI MUCAA KOOTII DHANGALA’EE HIN HAFU. OROMIYAAN NI BILISOOMTI!” :AKEEKA UMMATNI OROMOO BAKKAAN GAHUUF MURTEEFFATE.

https://oromianeconomist.com/2016/08/13/o dhiigi-mucaa-kootii-dhangalaee-hin-hafu-oromiyaan-ni-bilisoomti-akeeka-ummatni-oromoo-bakkaan-gahuuf-murteeffate/

Fascist Ethiopia’s regime’s detaining and torturing Oromo children.

#OromoProtests 13 August 2016: Children make up a third of the protesters jailed in connection with Grand #OromoProtests. This photo was taken at Iyasu IV prison in Gara Mulata, East Hararge. (The former emperor was jailed there after loosing power to Hailesilassie)

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Ijoollee Oromoo kan Waajjira poolisii magaala Burrayyuutti hidhamanii darara hamaan irra ga’aa jiru irraa dhaamsa nu gahe. I#OromoProtests 12 August 2016.

#OromoProtests: Dhaamsa Hidhamtoota irraa.
Ijoollee Oromoo kan Waajjira poolisii magaala Burrayyuutti hidhamanii darara hamaan irra ga’aa jiru irraa dhaamsa nu gahe. Ijoolleen kun meeshaa nyaata itti gessinuuf keessa ka’uun nutti laataan jedhu hiriyoonni isaanii. Adaara adaara jedhu.

converted by Web2PDFConvert.com



Gurraa 5.11.2008 A.L.I

Odeeffannoo Gaddisiisaa

Haala yeroo hammaa kana Naannoo Oromiyaa keessa jiru
Ilaalchisee Hidhaafi Dararaa Ilmaan Oromoo irra ga'aa jiru
yeroo hammaa kana Afaan Qawwoottiin Namoonni
Jumamaafi Dhiitamaa jiran Godina Addaa Naannawaa
Finfinnee magaalaa Burayyuu Irratti Namoota
(565) Dhibba shaniifi Jaatamii Shan) yoo ta'an kaan
Bakka buuteen Isaanii hin beekamu, yeroo hammaa kana
Namoonni Qajeelcha poolisii magaalaa burayyuu keessatti
argaman kan sammuun Isaanii burraqe Namoota (173)
(Dhibbaa Torbaatamii Sadi) yoo ta'an kan harki Cabeefi
kan miilli Isaanii caccabe immoo (234) (Dhibba lamaafi
Soddomii Afurii dha) baay'ina namoota kana irraa kan
ka'ee Dhibee adda addaatiin Saaxilamaniiru
Namoonni maatiin Isaanii hanga hammaatti Iyyaan-
illee argiin hin dandeenye bakka cinchaatti kan hojjan
heddumina, kanaafuu kan lammii isaaf gumaa uu
[illegible] Atta nuuf birmataan Jechaa jiru.
haga hammatti illee dargaggoonni tun beektotaafi barattoota
hedduun Isaanii kan keessatti argaman yoo ta'an ngaataa f
Dhugaatii illee argachuu hin dandeenye hanga hammatti
Guyyaa 29/011/08 A.L.E mana hidhaatti namoota guuruu
malee murtee tokkoyyuu yaaddiin tokkollee hin jiru.
Naannolee biraa irratti namoonni hidhaman hammi isaa illee
yoo bee kamuu haate, nuti hidhamtoonni magaalaa burayyuu
jala jiru Odeeffannoo gaddisiisaa kana Waraqaa irratti katabnee
gara halaatti baafnee jirra.

Qabsa'aan Ni kufa!!
Qabsoon Itti fufa!!

Adaraa Waraqaa kana (Share) nuuf godhaa.
Hidhamtoota magaalaa burayyuu Irraa



Gurraa 5/12/08

Guyyaa gafaa 28/11/08 A.L.I [illegible]
[illegible]
[illegible]
[illegible]
Kanaaf yaa ummata Oromoo [illegible]
[illegible]

1. Abdulkariim Rafuu Abbaa Goddaa (Jimmaa) [illegible]
Gaa hojii - tontolachuda
2. Bonaa Banaana Karraa (Sh/Lixaa)
tontolachuda
3. Lensaa Gutaata Masarsa (Sh/Lixaa)
barsiisaa
4. Gammachuu Gamda Kadada (Q/Wallaga)
barataa

This is martyred Oromo teenager girl Mamiituu Hirphaa who was killed by cruel fascist Ethiopia's regime Agazi forces in Ambo town, West Shawa, Oromia on 6 August 2016, Grand #OromoProtests

Kun wareegamtuu keenya Maammituu Hirphaa, kan godina Shawaa Lixaa, magaalaa Amboo keessatti hiriira guddaa Oromoo irratti Hagayya 6 bara 2016 wararana Wayyaaneen wareegamte.
Mammituu intala sabboontuu otuu mirga saba Oromoof falmituu wareegamte.
Gootota Oromoo kumaatamaa wajjin nagaan nuuf boqodhu!
Qabsoon hanga bilisummaatti itti fufa!!
Rabbi lubbuu ishii haa qananiisu.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

**This is martyred Oromo Teenager girl Mamiituu Hirphaa who was killed by cruel fascist Ethiopia's regimeAgazi forces in Ambo town, West Shawa,Oromia on 6 August 2016**

#OromoProtests, a determination of an Oromo man, 80 years old confronting fascist Ethiopia's regime, Agazi forces, Arsi, Oromia, 12 August 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

August 11, 2016

Gooti Oromoo kun Maqaansaa Melese Teshome, jedhama.Kaninni dhalatee guddate magaalaa naqamtee keessa naannoo safara maaramii 05 bakka jedhamu keessatti nama hojii suphaa Moobaa'ilaa hojjetee jireenya isaa of jiraachisaa tureedha. Meleseen xinnummaa isaa irraa jalqabee nama oromummaa isaatti boonuu fi oromummaa isaaf jedhee nama dararaa guddaan irraan ga'amaa ture keessaa nama tokko. Haa ta'u malee yeroo darbe Innis karaa nagaan gaaffii abbaa biyyummaa isaa gaafachuuf ba'e namoota lubbuun isaanii irbaata rasaasaa ta'e keessaa tokko.Qabsa'an du'us qabsoon itti fufa.

https://www.youtube.com/watch?v=5tmi-

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

3WFxZE
https://www.youtube.com/watch?v=0GrZZ3mDkP0

https://youtu.be/01oz7VoP4yo

#OromoProtests Hagayya (August) 10 bara 2016: Godina Baalee Aanaa Gaasaraa Magaala Danbal Misra. Uummanni Bifa Kanaan konkolaataa fi waajira poolisii Bifa Kanaan Barbadeessan.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://www.facebook.com/plugins/video.php?
href=https%3A%2F%2Fwww.facebook.com%2F100003649675444%2Fvideos%2

https://www.facebook.com/plugins/video.php?
href=https%3A%2F%2Fwww.facebook.com%2FRaadiyooDaandiiHaqaa%2Fvideos%

Mudannoo #HiriiraGuddicha magaalaa Finfinneetti!
mudannoo kana kan naa qoode namoota hiriiricha irratti hirmaatan keessaa warreen harka diinaatii waaqnii isaan baasedha. Akkas ture Magaalaa sabbataarra deemne, yeroo naannoo xoor ayiloochii geenyu sakatayiinsa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

cimaatu ture, animmoo alaabaa qabsoos qabadhee waanan jiruuf dhugaa dubbachuuf na'eera falli narkaa bannaan peestaalii keessaa baasee suurreekoo hiikeen maree of keessa kaa'ee dhokse. eessa dhaqxu jennee gaafatamne an meeksikoo mi'a bituun dhaqan jedheen. warreen naduuka turanis sababa addaa dhi'eessan akkasittiin keellaa jalqaba dabarre!
yeroo bakka stadeemii geenyu wanti poolisii jedhame biyyatti hinafne ture, hundi jaraa ejeja qofa waan eegan fakkaatu, yeroo gootota hiriirtota keenya agarru wanti sodaa jedhame nukeessa barbadaa'e. an alaabaan sila dhokse polisiidhumaa na'ilaaluun of keessa baasee itti agarsiisaa dhaqnee hiriiratti makanne, achii ituma xiqqoo hinturin dhukaasni jalqabe ijoollee keenya akka malee reebuu jalqaban hiriirris hinbittinaa'e.
hunduu kotte nabaasii jalqabe ammam akka diina harkaa ba'e rabbi qofaatu beeka. anis ituman baqadhuu yeroon asiin argu asiin ituun jedhuu madhee jaraattin dhaqee ba'e, yeroon ofirran deebi'a jedhee garagalu boodden warra nafiiksaa turan nabira ga'aniiru. utuun hinjaallatin harka diinaan bu'e. achiikaa maalan sitti hima isportii isa shaakalaa turan hunda piraaktisii narratti ba'an. mucaa naannoo kolfeerra dhufe tokko akkuma kana reebaa turan. gidduma jaraatii hingaa'an mana adabaa geessa jedhee ejeja dabarse, polisoota keessa lama nuti fuunee deemnaa isin warra kaan adamsaa jedhanii afaan amaaraatin itti dubbatan, walii galanii nufuudhanii deeman xiqqoo yeroo jarasanarraa fagaannu ( inante kesawu altefeterachum serken wayim gedlen iko ayidelem, mabtachinin nasanetin new yeteyeknew ashabari ayidelenim nege yisesitachowal jenne ariidhaan hasaa'uu jalqabne walirkaa fuudhaa mucaa sana faana) kanumama gidduudhaan tokko afaan oromootiin afaan keessan hincufttumoo caccabsee lafa isin kaa'u jedhe gurrakoon amanuu dadhabe! arraba keenya gad itti fuune, gantuu, ishee akka keeti gabrummaa nurra turse walirkaa fuunee utuu hinfixin afaan kee qabitii akka nama nurkaa ba'eetti asiin fiigaa badaa xiqqoo sin duuka fiigna yeroo boodaa nudhabdan suuta jedhaatii nama kaaniin wal fakkaadhaa deemaa jedhe, arrabsuukootti bayyee gaabbee galatoomaa jenne akka jarri yaadan raawwanne! jara keessas kan dhiigni lammii isaa isa gubu meeqaatamatu jira. baga waaq lubbuu keessan baase, warreen arka diinaa bu'an waaqayyoo nagaan walitti nuu adeebisu. sheer godhaa polisoota oromoo ta'anii diinaaf hojjetaa jiranii fakkeenya ta'aa.
Via Jiituu Qananii Urgeessaa

---

Grand#OromoProtests: POWERFUL!! A woman takes the stage during saturday protest in Dallo Manna ( Bale) moves the crowd to a higher spirit of resistance.
Hidhamuun nu gaya
Ajjeefamuun nu gaya
Oromiyaa waraanni hin bulhu
oromiyaan bulchiinsa ofiitin bulti
https://www.facebook.com/Jawarmd/posts/101

Grand #OromoProtests, Bosat, East Shawa, Oromia. 9 August 2016.

Grand #OromoProtests, Bulbula, East Shawa, Oromia. 9 August 2016.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Grand OromoProtests: Jaldu, West Shawa Aug 6, 2016

https://www.facebook.com/naftanan.gadullo.5/
type=3&theater

https://www.facebook.com/naftanan.gadullo.5/videos/pcb.27090558995755
type=3&theater

https://www.facebook.com/naftanan.gadullo.5/
type=3&theater

---

Grand #Oromoprotests: Aanaaa Kiiramuutti bulchaan ganda Burqaa Soorumaa Fiqaaduu Soorii jedhamu guyyaa gaafa sanbataa barataa Girmaa Taakkalaa Galataa akka humna kora bittinneessaan ajjeefamuuf sababa kan ta'e yeroo ta'u guyyaama sana halkan.Ummanni aanicha duula waan irratti baheef jecha naannicha gadhiisee badee jira .manni ergamaa kanaa guutummaa guutuutti uummata magaalaa Kiiramuun barbada'ee jira.

---

Grand #OromoProtests, Soqa Town, Dadar District, Hararge, Oromia. 9 August 2016.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Grand #OromoProtests, Dire Qulu village, Bordade District, West Hararge, Oromia. 9 August 2016

https://www.youtube.com/watch?v=CGVeji47FEo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Grand #OrmoProtests, Naqamte

## Sirna Gaggeessaa Awaalcha Barataa Amanu'el Girmaa Magaalaa Naqatee Keessatti Alaabaa ABOn Kuulamee Kabajaa Gootummaa Guddaan Gaggeefame.

August 9, 2016 By Qeerroo

Hagayya 07/08/2016 Sirni geggeessaa awwaalcha barataa Amaanu'eel Girmaa kan guyyaa gaafa hagayya 06/08/2016 Magaalaa naqamtee naannoo boordiitti kan wareegamee alaabaa adda bilisummaa oromoodhaan faayyamee geggeessaan Isaa raawwatee jira. Sirna geggeessaa isaa irrattis dhaadannoolee dinqisiisoo fi wallewwaan

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

warraaksaa dhageessifamaa oolanii jiru.

Uummanni magaalaa naqamtees sirna geggeessaa barataa Amaanu'eel girmaa irrattis diddaa mootummaa wayyaaneef qaban guutummaattis sagalee isaanii dhageessiffachaa akka oolan beekamee jira. Gara fuula duraattis tokkummaan kaanee mootummaa wayyaanee hundeen buqisnee guutummaa oromiyaa keessaa baasuus qabna jechuun geggeessaa barataa Amaanu'el xumuranii oolanii jiru. Mootummaan wayyaanees Sirna geggeessaa awwaalchaa barataa Amaanu'eel dhorkuuf yemmuu yaalutti qeerroon magaalaa naqamtee garuu sodaa tokko malee dhaadannoo dhageesisaa geggeessaa barataa kanaa akkanni raawwatamu godhanii oolanii jiru. Mootummaan wayyaanees akkuma amala isaa uummata karaa nagaan Sirna awwaalchaaf ba'an irratti dhukaasa banuun uummata nagaa goolaa akka oole maddeen keenya ifa godhu.

---

Grand #OromoProtests 8 August 8 2016 Report, OMN

https://www.facebook.com/OromiaMedia/video




https://www.facebook.com/Jawarmd/videos/10

Grand #OromoProtests Dambi Doolloo

August 8, 2016By Qeerroo

Grand #OromoProtests 8 August 2016 Dogo, Gurawa, East Hararge

https://www.facebook.com/Jawarmd/posts/10

Grand #OromoProtests Gindhir, Bale, Oromia. 8August 2016.

Grand #OromoProtests Dogu, Gurawa District, East Hararge. 8 August 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://www.facebook.com/Jawarmd/posts/101

Grand #OromoProtests in Adama, Oromia. 8 August 2016.

https://www.facebook.com/Jawarmd/posts/101

Grand #OromoProtests: 8 August 2016: Youth Returning from a funeral service for Zubeyri Kadir in Robe, Bale

---

Grand #OromoProtests, Shaggar, East Shawa, , Walanchiti, 8 August 2016

---

Grand #OromoProtests, Qobo, East Hararge, Oromia. 8 August 2016.

converted by Web2PDFConvert.com

This Grand Oromia Rally is from Inchini, West Shawa. Grand #OromoProtests, 8 August 2016.

This Grand Oromia Rally, in Bate, Haramaya district, East Hararge Grand #OromoProtests, 8 August 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Grand #OromoProtests Amboo

Reported By Qeerroo August 8, 2016

## Lixa Shaggar Amboo

August 8, 2016By Qeerroo

## Grand #OromoProtests Diddaa Gabrummaa Gootota Oromoo Yuniverstii Madda Walaabuu

Reported by Qeerroo

## August 8, 2016

Grand #OromoProtests in Nuunnuu Qumbaa town, Arjo, Wallaggaa, Oromia.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Godina Wallaggaa Magaalaa Nuunnuu Qubaa

Reported By Qeerroo

August 8, 2016

## Grand #OromoProtests Diddaa Gootota Hegeree Oromiyaa,Godina Wallaggaa Magaalaa Boojjii

Reported By Qeerroo August 8, 2016

## Grand #OromoProtests “ABOn WBOn Gaachana Oromooti” Jedha ummanni Oromoo Faradoon Yaa’ee

August 8, 2016By Qeerroo

## Grand #OromoProtests Ciroo

August 8, 2016 By Qeerroo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Grand #OromoProtests Dadar, Godina Hararge
August 8, 2016By Qeerroo

Grand #OromoProtests Wallagga Dambi Doolloo
August 8, 2016By Qeerroo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

---

## Godina Wallaggaa Magaalaa Warra Jirruu

August 8, 2016By Qeerroo

## Grand #OromoProtests Godina Baalee Magaalaa Dalloo Mannaa

August 8, 2016By Qeerroo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Grand #OromoProtests Wallagga Magaalaa Naqamtee

August 8, 2016By Qeerroo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




converted by Web2PDFConvert.com

## #Grand Oromorotests Mormii Sira Wayyaanee Baha Harargee Dadar

August 8, 2016By Qeerroo

---

Grand #OromoProtests 7 August 2016 in Amboo Continues:Guyyaa 07,08,2016 Oduu oromiyaa magaalaa Amboo irraa
Magaalii Amboo kaleessaa irraa kaassee hangaa ammaatti raafama guddaa keessaa jirtii ,finciili uummaata har'as itti fufee oole jedhu jirraatoon ,poolisiin oromiyaa fi poolisiin fedderaala magaalaa keessaa hin muldhatani, magaalaa kan dhunfatee jiruu raayyaa ittisaa biyyaa(agaaze) yoo ta'uu isaannis irraa caalii saba Tigiree afaan Tigirfaa dubbatani,nama argani hundaa daa'ima,jarsaa fi jartii osoo hin jedhiini mana cabsanii reeba fi hidhaa jiruu . hangaa ammaatti sagaleen dhukaasa magaalaa keessaa dhaga'amaa jiraa ,kan hidhaa jiruuf kan du'ee addaan baafachuun hin danda'aminee jedhuu. Finicilaa kaleessaa keessaatti magaaluma ambootti mucaa waggaa kudha sadii (13) hin caalee alaabaa abo qofaa waan qabatee deema tureef Agaazen konkolaatan ari'anii irraa baasuun gara jabbinaan ajjeesaniiru jedhuu warrii ijaan argan.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




Grand #OromoProtests, Grand #OromoProtests full scale Military massacre has been conducted by Ethiopia's fascsit regimei n Naqamte, East Walaga. 6 August 2016 pcture.

Similar genocidal mass killings all over Oromia (in town and rurals of Hararghe, Shaggar, Finfinnee, Arsi, Baalee, Boranaa, Gujii, Walloo, Wambaraa, Jimmaa and Eluu Abbaa Booraa).

Gabaasa Addaa Dhaamsa Dargaggoota Haroomaayaa.( Hag.07,2016)

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

---

# Oromia: Grand #OromoProtests Rally 6 August 2016

https://oromianeconomist.com/2016/08/06/oro
grand-oromoprotests-rally/

#Grand #OromoProtests 6 August 2016: Massive #OromOProtests rally held all over the State of Oromia including in Finfinnee (Addis Ababa), the capital.

---

**BEEKSISA hatattamaa,daddaffiin waliif SHARE godhaa**

---

Guyyaa Sanbata duraa as deemu kana (Saturday, Qidaamee) Hagayya 6, 2016 A.L.A ykn Adoolessa 30, 2008 A.L.H guutuu Oromiyaa keessatti hiriirri mormii ni godhama. Bakka jirtanii kan bilisummaaf hawwitan hundi kan mirga keessan kabajsiifachuuf qabsoorra jirtan hundi dhaadannoollee barbaachisu qopheeffadhaa. Seenaa Oromoo keessatti guyyaa seena qabeessa ta'ee akka galmaa'u kutannoo fi hirmaannaan ilmaan Oromoo murteessaadha.

Injifannoo Ummata Oromootiif!

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

QAJEELFAMA WAA’EE HIRIIRA SANBATAA

1) Hiriirri kun magaalota aanaaleefi kan Zoonilee hunda irratti geggeeffama.

2) Hiriirri kun guutumatti kan nagayaa ta’a. Kanaafuu meeshaan waraanaa kamuu hin dhufu, daandiin hin cufamu, waajjiraaleenfi qondaalonni mootummaa hin tuqaman

3) Qabeenyi jamiiyyuu hin tuqamu

4) Hiriirtonni fiiguun osoo hin taane tasgabbiidhaan socho’uu qaban.

5) Magaalota gurguddoo irratti bakki itti walitti bahamu haala nama hundaaf mijaahu laalamee labsama.

* Qajeelfamni dabalataa dhawaataan ni raabsama.

---

#OromoProtests: United voices of millions of Oromos will win! Ni moona.
Oromia Times

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests 5 August 2016:

Leading opposition party, #OFC leaders call for the grand #OromoProtests.

BREAKING: Here is the hand written letter of Bekele Gerba and other political prisoners

https://oromianeconomist.com/2016/08/05/oromia-oromoprotests-sanbata-duraa-dhufu-guutuu-oromiyaatti-hiriiri-ni-godhama-grandoromiamarch-on-6-august-2016/

#OromoProtests DR Merera Gudina, Chairman of OFC Speaks about #GrandOromiaMarch to Sadik Ahmed of BBN

## ETHIOPIA BRACES FOR MASSIVE PROTEST RALLY CALLED BY ONLINE OROMO PROTEST ACTIVISTS

> Ethiopia braces for massive protest rally called by online Oromo protest activists

Grand #OromoProtests on August 6, 2016, Norwegian Embassy in Finfinnee, travel restrictions

## BBC: Oromo community calls for more protests in Ethiopia

Emmanuel Igunza

BBC Africa, Nairobi

Posted at11:43

Activists from Ethiopia's largest ethnic group, the Oromo, have called for more anti-government protests this weekend, days after thousands of demonstrators took to the streets in the northern city of Gondar.

converted by Web2PDFConvert.com

Activists say that hundreds have been killed in a security crackdown

They say they will hold countrywide protests against what they describe as continued killings and other abuses by the authorities.

In the latest incident earlier this week, at least six people were allegedly shot dead by police in the eastern town of Awaday.

Prime minister Hailemariam Desalegn warned on Tuesday that Ethiopia was sliding towards ethnic conflict similar to that in neighbouring countries.

Ethiopia's second largest ethnic group, the Amhara, held a large demonstration last Sunday in Gondar.

The ruling Ethiopian People's Revolutionary Democratic Front has been in power since 1991 and won all seats in parliament in last year's elections.

> Ethiopia's Oromo community vows to hold more anti-government protests over the weekend https://t.co/il1VsumGHI pic.twitter.com/CegkujnB7C
>
> — BBC Africa (@BBCAfrica) August 3, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Dear all.
Please see below security advisor
Best
Gard Loken
SFSA UNHCR Addis Ababa, Ethiop
Mobile: +251 967 892 224
Email: Loken@unhcr.org
From: Marco Smoliner
[mailto:marco.smoliner@undss.or
Sent: 03 August 2016 13:37
Subject: UN Security Advisory: De
announced for the weekend 6-7
August 2016
Over the last few days several soc
accessible in Ethiopia have annou
in Oromiya for this coming weeke
disseminated messages call for pr
and zonal level capitals across Or
We expect traffic restrictions on m
the capital due to road closures ar
increase presence of federal polic
We have at this stage no informati
incremental risk for foreigners and
Ethiopia or any demonstrations in
However, as a matter of precautio
recommended
to avoid private road travel outsid
weekend.
All travelers on official road missio
avoid crowds and
demonstrations.

---

> "When I return to home, I found my 13 years old son shoot and dead" #OromoProtests #Ethiopia https://t.co/YpeK8NzWt2
>
> — EHRP (@EHRProj) August 3, 2016

---

Ibsa Qeerroon Bilisummaa Oromoo Haala

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

siyaasaa Itoophiyaa yeroo amma irraatti kenne. Hagayya 2 Bara 2016

August 3, 2016

Fincilli Xumura Gabrummaa Qeerroo Bilisummaa Oromoon Qabsiifame Biyyatti guutummaa Raasuu eegale:
Ibsa Qeerroon Bilisummaa Haala siyaasaa Itoophiyaa yeroo amma irraatti kenne.

Bara 2011 keessa yeroo Qeerroon Bilisummaa Oromoo bu'ureffamu namoota tokko-tokkootti akkuma mormitoota Itoophiyaa hedduu jaarmaa yeroo gabaabduuf ifee deebi'ee ammoo dhaamu itti fakkaatee ture. Bu'uureffamuu Qeerroo keessaas ta'e alaan kanneen busheessaa turanis lakkoobsaan xiqqaa hinturre. Akkasumas, baatii Sadaasaa bara 2015 keessa wayitii Qeerroon Bilisummaa Oromoo Gabrummaatti xumura gochuuf murateeffachuu isaa labsu, kanneen dalagaatti hiikamu labischaa irratti shakkii qabaachaa turan hedduu turan. Keessattuu matootni TPLF gosuma sochiilee mormiitoota Itoophiyaa kan isaan bara baraan caccabsaa as gahan waan itti fakkaateef, murannoo Qeerrootti karaa hedduu bishaan itti naqaa turuun isaanii ni yaadatama. Haata'u malee, Qeerroon Bilisummaa battala murtii Xumura Gabrummaa labsetti tarkaanfilee seena-qabeessyyi tahan hedduu fudhachuun hawwii Wayyaanee fi yaaddoo shakkitootaa fashalsiiseera.

Qeerron Bilisummaa eegala sochii isaa irratti Hooggana qaroo sagantaa isaa jiddu-galummaan taliigu utubachuun murannoo cimaan karoora isaa mirkaneessuutti bobba'e. Qeerroon naamusa sibila irra jabaataa fi gootummaa seena biyya keenya keessatti gita hinqabneen gartuu saba keenya acuucaa fi biyya keenya saamaa jirtu, TPLF jala kallattiidhaan dhaabachuu eegale. Qeerroon hooggantoota TPLF kanneen beekumsaa fi gootummaan akka waan samii keessa teessoo addaa qabanitti of tuulaa turan sochii yeroo gabaabduutiin waaroo salphinaa itti huffise. Gootummaan Qeerroo imaammata TPLF ummatoota biyyatti sodaachiftee bara dheeraa bulchuuf baafatte dhadhaa abidda buute jalaa godhe. Har'a kan sodaan urgufamaa oolee bulu ummata bal'aa biyyatti osoo hintaane Wayyaanee fi lukkeewwan ergaa ishee raawwachuuf oomishaman qofa. ibsa-qeerroo-bilisummaa-oromoo-hagayya-2-2016-finfinnee

Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo (SQ) Qophii Hagayya 4, 2016

August 4, 2016

Godina Arsii Bahaa Magaalaa Ashmiraa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Keessatti Barruuleen Warraaqsaa Maxxafamaa fi Raabsamaa Jira.

August 4, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Godina Arsii Aanaa Roobee Keessatti Diddaa Ummata Oromoo Dhaamsuu Basaasoti 10 Ramadamanii Ummata Gooluu Eegalanii Jiru

August 4, 2016

**Hagayya 4,2016**/Godina Arsii aanaa Roobee Diida'aa keessatti hojii basaasummaarratti bobba'anii hiriira sanbataarrattis ummata hirmaachuf sochii garagaraa godhaa jiru goolaa jiran yoo ta'uu maqaa basaasota Wayyaanee naannichatti bobba'anii jiranii keessaa:

1, Zowduu Rattaa bulchaa ganda

2, Fayyoo Qaadoo itti aanaa ganda 01

3,Keerroo saanii kantiibaa magaalaa Roobee

4,Jundii Kamaaloo milishaa gandaa

5, Geetuu Shagguu itti gaafatamaa misooma qonnaa fi bulchiinsa aanaa

6,Qaasoo Umar itti gaafatamaa dhimma nageenyaa aanaa

7,Sulxii manzaa itti gaafatamaa milishoota gandaa

8, Amaan IBraahim itti gaafatamaa milishoota duraanii

9, Jamaal Kadiir itti gaafatamaa dhaabaa OPDO

10,Sammaan Idiriis bulchaa ganda ataabaa Roobee

Namoonni Kanaan olii hundi yeroo ammaa Aanaa Roobee keessatti uummata keessa deemanii doorsisuu fi gooluu eegalanii jiru.

---

https://www.youtube.com/watch?v=tlhvwKq4coQ

#OromoProtests on August 3, 2013, in Bisidimo town, Babbillee, Hararghe, Oromia

#OromoProtests Hagayya (August) 3, 2016: Guyya har'aa Godina Hararge Baha Aanaa Babbillee magaalaa Bisidimootti umaani Hiriira bahun mirga isaanii haala ho'an falmachaa oolan. Hiriira gutuu Oromiyaa guyyaa Sanbataatif (Saturday) of qopheessinee jirra jatti Qeerroon magaalaa Bisidimoo.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests on August 3, 2013, in Seeruu town, Arsi, Oromia.

Hagayyaa (August) 3, 2016: Godina Arsii bahaa magaalaa Seeruu keessatti barruuleen warraaqsaa bifa kanaan maxxanfamaa jira.



#OromoProtests, Qobboo town, Hararghe, Oromia 3 August 2016

FXG Hagayya(August) 3, 2016
Guyyaa arraa Hararge Bahaa magaalaa Qobbootti sababa waraanni wayyaanee iddoo haawwan jimaa itti daldalataniitti boombii darbanii jalaa gubaniif mormiin kun itti oole. Magaalaa Qobboo arrii ukkaamsee oole. Waraanni eega hoggaasii magaalaa keessa makiinaan olii gad deemaa jira.

converted by Web2PDFConvert.com

## Hagayya 2,2016 Qophii Baniinsa Kora ABO fi Halkan Irbaata WBO

August 3, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#Oromoprotests in Nadhi Galan Sadi village, Deder District, East Hararge, Oromia. Aug. 2, 2016.

Harargee Bahaa aanaa Dadar, Araddaa Galan Sadi keessatti guyyaa har'aa mormiin godhamaa oole.

http://https://www.facebook.com/naftanan.gadullo.5/videos/2675577669590

## " Biyya Keenya Ni Falmatna" Jedhu Goototi Godina Harargee Bahaa Aanaa Dadar, Araddaa Galan Saadii Hagayya 2,2016,

August 2, 2016

#OromoProtests 2nd August2016 in Odaa Bultum, Hararghe, Oromia.

converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests in Hirna, Hararghe, Oromia, 2nd August 2016

FXG Hararge lixaa magalaan Hirna guyya arraas falmmiin itti fuftee jira. Hagayya 2 bara 2016.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests continue in Habe town, Robe District, Arsi, Oromia. Aug 2, 2016

Gaafiin deebii hin qabne addunyaarra hin jirtu jedhu dargaggoonni Godina Arsi Anaanaa Roobee Magaalaa Habe.




https://youtu.be/Bn7Gf2t0QgE

https://twitter.com/kichuu24/status/760506187989315584

> #OromoProtests during the funeral service for Ibsa Ahmed in Hirna. Ibsa was killed in Badessa yesterday. pic.twitter.com/rqB53vxKwe
>
> — Tessi (@kichuu24) August 2, 2016

> #OromoProtests"Disobedience is the true foundation of liberty. The obedient must be slaves."
> — Henry David Thoreau pic.twitter.com/QwoHl6A7CG
>
> — Tessi (@kichuu24) August 2, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests underway in Badessa, West Hararghe, Oromia, Aug. 2, 2016.

Guyyaa Har'aa Hagayya 2,2016 Godina Harage Magaalaa Baddeessaa keessatti diddaan ummata Oromoo akkasitti jira.

---

#OromoProtests 2nd August 2016: Funeral Service for Ibsa Ahmed, one of the people who were killed in Badessa town, West Hararge on August 1, 2016.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests  Hagayya (August) 02, 2016, Naqamtee, Oromiyaa):
 Qeerroon Leeqaa Naqamtee tarkaanfii barsiisaa aanota magaalaa Naqamtee jalaatti diriirsee fudhachaa jira. Tarkaanfii kanaan manni kaabinee wayyaanee magaalaa

Saasiggaa, Dhugumaa Dinagdee, namni jedhamu mana isaa waliin adabbii cimaa adabamee jira.
Namni kunis yeroo ammaa kana hospitaala Naqamtee keessatti yaalamaa jiru.
Qeerroon tarkaanfii kana fudhachuun dura akeekkachiisaa fi beekkachiisa duraa waraqaa barreessuun mana isaa jalaatti dhoobee ture.
Qeerroon Leeqaa Naqamtee akkuma kanatti namoota gara diinaa goranii uummata Oromoo miidhan barsiisuufi adabuu itti fufa!!
Kanneen diinaaf ergamaa jiranis, daddaffiin harka isaanii uummatatti akka kennattan Qeerroon Leeqaa Naqamtee dhaameera.

> https://www.youtube.com/watch?v=6j8SYrC9bj0

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

QOPHII ADDAA

OMN: Qophii Addaa Hagayya 1, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/qophii-addaa-hagayya-1-2016/

Doktoroota Fi Narsoota Hospitaala Ciroo Fi Galamso Galatooma Jenna Lubbu Nama hedduu baraartani Jirtu Jabadha Ammas!

## #OromoProtests Hagayya (July) 1, 2016 Hararge, Oromia.

August 1, 2016 by Qeerroo

Hagayya 1_2016 Yeroo ammaa waliigalaa Harargee keessatti mormiin cimaan dhoohee jira.

*Awwadaay
*Qobboo
*Baddeessaa
*Haramaayaa
*Dadar fi magaalota heddutti mormiin godhamaa jiran bifa kannaan alaabaa qabatani diinaa kokkee qaba jiru.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

converted by Web2PDFConvert.com

## “WBOn Dhufte Biyya Gadhiisaa,Qeerroon Dhufte Biyya Gadhiisa” Jedhu Gootonni Qeerroo FXG Godina Harargee.

August 1, 2016

## Hagayya 1,2016 , Alaabaa ABO Qabachuun Harargee Lixaa Magaalaa Baddeessaa Keessatti Gootonni Qeerroo Bilisummaa FXG Gaggeessaa Jiru

August 1, 2016

## Qeerroo Bilisummaa Hagayya 1,2016 FXG Magaalaa Dadar Keessatti Ta’aa Jiru.

August 1, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Hagayya 1,2016 Qeerroon Godina Harargee Gootummaa fi Onnee Abbootii Isaan Diina Dura Dhaabbataa Jira.
August 1, 2016

Qeerroon Godina Hararge Bahaa Magaalaa Dadar Keessatti Osoo Waraanni Itti Dhukaasuu Alaabaa ABO Qabachuun "Oromiyaa Ka'i" Jechaa FXG Gaggeessaa Jiru.
August 1, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests 1st August 2016 in Baddeessa, Hararghe, Oromia.

Guyyaa har'aa August,2016, harargee lixaa magaalaa baddeessatti mormiin bifa kanaan deema jira.

#OromoProtests in Dadar (Qobboo), East Hararge, August 1, 2016

---

Harargee Bahaa Magaalaa Dadar keessatti mormiin godhamaa jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests 1st August 2016 in Dadar, Hararghe, Oromia.TPLF (fascist) Ethiopia's regime forces firing live bullet on protesters.

## Godina Arsii Bahaa Aanaa Shirkaa,Baalee Aanaa Gaasaraa Akkasumas Wallagga Naqamte Keessa FXG Itti Fufe.

August 2, 2016 By Qeerroo

**Hagayya 1,2016/** Arsii bahaa aanaa Shirkaa magaala Shirkaatti poolisoota Agaazii afur irratti uummanni reebicha irraatti fudhatame gara Hospitaala Asallaa geessaa jiru. Magaalan Zuwaayis waraana Wayyaanee agaazii ganama kana du'eef jecha halkan kana ummata reebaafi mana hidhaatti guuraa jiran seeruu abbaas namni keessaa waan baqate fakkaata daldalli hin jiru waraana qofatu magaalattii keessa jira Asaasas waraana malee namni magaala keessa sossohu hin jiru.

Godinuma Arrsii aanaa Roobee magaala Habeetti mormiin FXG finiinaa oole. Nu kan bulchu ABO malee wayyaanee miti jechaa oolan namoonni kudha shan hidhaman kan yeroof maqaa isaanii addaan hin baane.

Kana malees Godina Baalee aanaa Gaasaraa Dambalitti halkan kana mormii cimaatu godhamaa jira Wayyaanen hin bullu jechaa jira. Qeerron Dambal

Godina Wallaggaa Magaalaa Naqamtee keessatti guyyaa Har'a jechuun Hagayya 01/08/2016 galgala kana saatii lamaa jalqabanii nama dhimma isaaf karaa deemu Agaaziin qabdee reebaa jirti.Naannoo ani arge safara maaramii bakka jedhamutti namoota hunda lafarra ciibsanii reebaa jiru.baayyee kan nama dhibu namoota barumsa galgalaa baratan,namoota waldaa amantaa

garaagaraa kessaa galan hunda jilbeeffachiisanii reebaa jiru.

## Gootonni Godina Harargee,Arsiitti fi Naannoo Oromiyaa Kaan FXG Itti Fufuudhaan ABOtu Nu Bulcha Jechaa Dhadachaa Jiraachuu Qeerroon Gabaase.

August 1, 2016

**Gootota Awadaay Adoolessa 31,2016**

https://videopress.com/embed/FqnmXd6p?hd=0&autoPlay=0&permalink=0&loop=0

Mootummaan Wayyaane gaaffii uummata kara nagaatiin gaaffii abbaa biyyummaa dhiyeessaa jiruuf dirree waraanaa gochuun uummmatarratti dhukaasni wal irraa hincinne banamee jria. Godina Harargee fi Arsii lixaatti baatii 8f kan wal irraa hin cinneen itti fufee jiru Kaleessa Adoolessa 30 fi 31 FXG itti fufuu irraan dhukaasni guddaan uummata irratti banamee jiraatuun Qeerroon kan gabaasu yoommuu tahu har'is itti fufuudhaan namootni 26 ol kan rukutamanii fi namootni 7 ol ajjeefamuun kan gabaafame yoommuu tahu ummanni dhukaasa meeshaaf osoo booda hin deebihin FXG itti fufanii mirga isaanii falmachaa jira.
Halkan kanas FXG godina Harargee lixaattis itti fufuudhan wal qabatee akkasuma naannoo Arsiiittis uummanni FXG itti fufuudhaan waajjiraleen OPDO fi Manneen jireenya kaabinoota hedduus gubataa akka jiru gabaafamee jira.
Halkan kana aanaa Awwaaddaayi dirree waraanaa tahuudhaan humni waraana agaazii jedhamu sun weeraree jira. Dhaadannoon uummataa ammas itti fuduudhaan
Oromiyaa qabsoo keenyaan bilisa ni baasna
Ajjeefamnus haga dhunmutti mirga keenyaaf falmachuu hin dhiisnu
FXG hanga bilisummaatti deebii hin qab
Gumaa ajjefamanii ni baasna
Dhiigni dhangala'e bilisummaa mirkaneessa
Oromia shall be free
Jechuun halkan sa'a 3 kaasuun FXG itti fufuun uummanni bahee godina Harargee bahaa ona Awwaadayitti jabaatee jira. Injifannoo gurguddaanis galmaawaa jira.

## Gaaffii Abbaa Biyyummaa Uummanni Oromoo Gaafatu Itti Fufuun Godina Arsii Keessatti FXG Guutuutti Itti Fufee Jira. Waraanni Wayyaanees Magaalota Adda Adda Addaa Weeraree Jira.

July 31, 2016

Adoolessa 31,2016 Godinni Arsii guutumaan guututti dirree waraanaa fakkaatee jira waraana agaaziif feederaala qofaan guuttamtee jira. Har'aa fi halkan edaa Adolessa 30, 2016 magaalota Asaasaa, Adaabbaa Dodola, Xijjoo qanxeraa Xiyyootti mromiin cimaan godhameera.

Ummanni magaalaa Asaasaa waraana Wayyaanee Agaazii lama irratti tarkaanfii fudhachuun tokko yeroo lubbuun darbu kaan ammo Hosptaala Awaasaa jiraachuun beekamee jira.

Godinuma Arsii bahaa magaalaa Ashmiira jedhamtu keessattis Adoolessa30, 2016 sagaleen mormii dhageesifamaa oluu Qeerroon naannicha irraa gabaase.

Asaasa keessatti qabeenya mootummichaafi jala deemtota Wayyaanee kanneen ta'an irratti uummani aariin guutamee fi roorroon itti hammaate adabbii sirreessaa kenneen mootummicha rifaasisee jira. waajjirri bulchiisa magaalaa kan balbala shan qabu waajjira bulchiilsa gandaa buusaa gonnoofa dhabamee jira. Kanumaan wal qabatee magaalaa Asaasaa keessaa dargaggoonni hedduun FXG qindeessaa jirtu sababaa jedhuun guyyaa har'aa hidhamanii kanneen jiran keessaa:-

1. Dargaggoo Kaddii Abdallaa oggatoo
2. Muktaar Abdallaa
3. Daawud Abdallaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Keessatti argamu.

#OromoProtests Must watch HundredThousand of resident in Aweday East Hararghe has Protesting

https://www.oromiamedia.org/2016/07/31/omn-oduu-ado-30-2016/

About these ads




Share this:

Facebook 5 | Twitter | LinkedIn | Google | Telegram
WhatsApp | Skype | Pinterest | Reddit | Pocket
Tumblr | Email | Print | Instagram

Loading...

Related

Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016 (March)

converted by Web2PDFConvert.com

In "#OromoProtests"

Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016

In "#OromoProtests"

Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016 (April)

In "#OromoProtests"

Comments»

No comments yet — be the first.

Leave a Reply

Enter your comment here...



Follow

Follow "OromianEconomist"

Get every new post delivered to your Inbox.

Join 3,460 other followers

Enter your email address

Sign me up

Build a website with WordPress.com

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com